



Dhalachuu Yesuus

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Wangeela Maatiwoos 1-2,
Wangeela Luqaas 1-2

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne **ni beeka**. Adabbiin cubbuu du'a.

Waaqayyo garuu guddaa nu jaallata, kanaaf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus cubbuu keenyaaf akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf dabarsee nuuf erge. **Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee** gara Waaqaa ni deeme! Amma Waaqayyo cubbuu keenyaaf nuuf dhiisa.

Cubbuu keerraa deebi'uu yoo barbaadde, Waaqayyoon akkas jedhi: Yaa Waaqayyo Yesuus akka anaaf du'eefi amma deebisee jiraatu nan amana. Jireenya haaraa akkan qabaadhee bara baraaf Si wajjin akkan jiraadhuuf maaloo gara jireenya kootti koottuutii cubbuu kootiif naaf dhiisi. Akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.
Wangeela Yohaannis 3:16

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu!

Afaan Oromoo

Dhalachuu Yesuus

Kan barreeffame Edward Hughes
Kan ibsame M. Maillot

Kan hiikkame Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com Po Box 32155,
Addis Ababa, Ethiopia

Story 36 of 60

Kan dagaagsame
E. Frischbutter; Sarah S.

M1914.org

Bible for Children, PO Box 3, Winnipeg MB R3C 2G1 Canada

Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.



"Inni kun akkamittiin ta'uu danda'aa?" jettee dubreen ajaa'ibamtee sun gaafatte. "Ani durba, inni kun akkamitti ta'a?" jette. Ergamichii Ilmii sun Waaqayyo irraa akka dhufu isheetti ni hime. Abbaan namaa akka hin jirre itti ni hime.

3

Ergamichi durbii/adaadaa ishee kan taate Elsaabex umrii ishee dullumatti akka ulfoofte Maariyaamitti ni hime. Inni kuniis wanti dinqii ture. Yerosuma Maariyaam Elisaabeexiin daaw'achuuf ni deemte. Lamaanuu waliin Waaqayyoon ni galateeffatani.

4

Maariyaam nama maqaan Isaa Yoseef jedhamutti heerumuuf kaadhimamtee ture. Yoseef Maariyaam ulfaa'uu ishee wayita dhaga'etti aaree ture. Namni gara kan biiraa abbaa ta'uuf kan jiru itti ni fakkaate.

5

Abjuudhaan, Ergamaan Waaqayyoo mucaan kun Ilma Waaqayyoo ta'uu Isaa Yoseefitti ni hime. Yioseef Yesuusiin kununsuuf Maariyaamiin kan gargaaraa ture.

6

Yoseef Waaqayyoon amanee ni abboomame. Inni dabalataanis seera biyyaa isaatiif ni abboomame. Sababa seera haaraatiin, gibira isaanii kafaluuf inni fi Maariyaam biyya dhaloota isaanii Beetaliheemin dhiisanii ni ba'an.

7

Maariyaam yeroon da'uumsa ishee ni ga'ee. Garuu immoo Yoseef kutaa ishee itti boqochiisu hin arganne. Iddoon bulan hundi qabamanii turani.

8

Yoseef booddeerra siree horiin itti nyaatu ni argate. Achitti Yesuus ni dhalate. Haati Isaa siree horiin itti nyaaturra Isa ni ciibsite.

9

Tiksitoonni naannoo sana jiran hoolota isaanii walitti sassaaban Ergamaan Waaqayyoo gara isaanii dhaqee oduu dinqii kana isaanitti ni hime.

10

"Hardha Magalaa Daawit keessatti Fayyisaan isiniif dhalateera; Innis Kiristoos Gooftaadha. Daa'ima huccuudhaan maramee siree horiin itti nyaatu irra ciisu tokko ni argitu."

11

Akka tasaa, ergamoonni Waaqayyoon galateeffachaa, "Samii gubbaatti ulfinni Waaqayyoof, lafa irratti nageenyi namoota Inni itti gammaduuf haa ta'u" jechaa.

12

Tiksitoonni sun dafaanii gara mooraa horii sanaatti ni dhufan. Daa'imicha erga arganii booda waa'ee wanta ergamaan Waaqayyo waa'ee Yesuus isaanitti himee namoota argan hundumaatuu ni himan.

13

Guyyoota afurrtamaan booda, Yoseef fi Maariyaam gara mana Qulqullummaa Yerusaalemitti argamuu Yesuusiin ni fidan. Achitti namni Simi'oon jedhamu tokko waa'ee Ilma sanaatiif Waaqayyoon ni galateeffate, akkasuma Haannaa hojjettuun Gooftaa isheen jaartiinis Gooftaadhaaf galata ni galchite.

14

Lamaanuu Yesuus Ilma Waaqayyoo Fayyisaa isa abdachiisame akka ta'e ni beekan. Yoseef sinbirrowwaan lama aarsaa ni dhiheesse. Inni kun aarsaa isa seerri Waaqayyo namoonni hiyyeeyyiin yommuu daa'ima godhatanii gara Gooftaa fidan isa raw'atan dubbatuu dha.

15

Yeroo ta'een booda, urjiin addaa tokko namoota Ogeessota Bahatii gara Yerusaalemii isaan ni gaggeesse. "Mootiin Yihudootaa Inni dhalate eessa jira?" jedhanii gaafatan "Nuyi Isaaf ni saganna" jedhan.

16

Mootiin Heroodis waa'ee Namoota Ogeeyyi kanniin ni dhaga'e. ni na'e, innis akkuma Yesuusiin argattaniin akka isatti himan isaanitti ni hime "Anis Isaaf nan sagada," jedhee Horoodi. Garuu immoo inni sobaa ture. Heroodis Yesuusiin ajjeesuun ni barbaade.

17

Urjiin sun gara mana Maariyaamfi Yoseef Daa'ima haaraa wajjiin jiran isa sirrii Namoota ogeessota ni agrsiise. Sagadaan Namooti ogeessotaa jilbiinfatanii, imaltoonni kunniin Yesuussiif kennaa gatii jabeessa Warqee fi urgooftuu ni keenani.

18